

Guyyootni jalqabbii garagara, Adoolessa 1, 2020 irraa jalqabe

Ergamni Waajjira Sadarkeessa Humnaa (Office of Labor Standards (OLS)) karaa hirmaannaa daldalaa, hojjirra oolmaa tarsiima'aa fii guddina poolisii argannootin sadarkeessa humnaa dagaagsuudha, murannoo haqummaa sunyummaa fii hawaasummaa qabaachudhaan.



Maxxansi kuni iddoo hojii bakka mul'achuu danda'utti maxxanfamuu qaba, Ingiliffaa fii afaan(nota) hojjattootaan dubbatamaniin. The Office of Labor Standards provides language interpretation and translation and accommodations for people with disabilities.

2021 Beeksisa Mirgoota Hojjattoonni Hoteelaa

SMC 14.26

Miidhamarraa Eegamuu

HOJJATTOOTA MIIDHAMA IRRAA EEGA YOOKAN GOCHAAWWAN JEEQUMSAA KEESUMMOOTAA IRRA

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjataa saa'aatii kan hoteelota kutaawwan 60 yookan achii ol

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Qabdoo rifannootaa yeroo hojii fi tajaajila keessumoota kutaa keessatti laatamu
- Jeequmsaa yookani roorroo keessumoota hoteelaa irraa uf eegaa
- jeequmsaa fi roorroo keessummaa hojjachiisaatti gabaasaa
- keessummaa jeequmsiifi roorroonsaa gabaafame bira hojichuu dhiisuu

HOJJATAAN MIIDHAMA JEEQUMSAA FI ROORROO KEESUMMAA IRRAA DANDAMATE MIRGA:

- Filannoo isaanitiin bakka hojii biraatti deebi'anii ramadamuu
- Filannoo hojjataatiin raawwii seeraa dubbachuu fi deeggarsa nama hojjachiisuutiin amma sa'aatii 16 tti mindeefamuu
- Tajaajiloota gargaarsaatif, qabeenyaa, fii/yookan ergiidhaf Jiddugala Qabeenya Miidhaa Saalaa Kan Kutaa Biyyaa King (King County Sexual Assault Resource Center) argachuu BILBILA (Sarara Sa'aatii 24): 1-888-998-6423
- Akkaata keeyyata Washington fooyyaa'aa 7.69.030 tti gorsaa miidhamaa yakkaa argachuu

SMC 14.27

Daangaa ba'aa hojii

BA'AA HOJII QULQULLINNA KUTAA DAANGESSUU

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjattoonni sa'aatii kan kutaa keessomootaa 100 ol qulqulleessan

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Yoo baay'ate guyyatti sa'aa 8 keessatti kutaa keessummaa faana kaaree 4,500 ququlleessuu (sa'aatiwwan muraasan kan daangeffame)
- Hanga ol aanaa kennamee ol qulqulleessuu didu
- Hama ol aanaa kennamee ol yoo kan qulqulleessuu ta'e kaffaltii 3x fudhachuu

SMC 14.28

Tajaajila Fayyaa Argachuu

HOJACHIISTOTNI BAASIIWWAN EEGUMSA FAYYAA AKKA TAASISANIIF IRRAA EEGAMA

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjattoota Sa'aatii kan jiddugalaan sa'aatiwwan 80 fii sanaa ol ji'atti hoteela abbaa kutaalee 100 fii sanii keessa hojjatan. Qindeessitoota, hoggantoota fii hojjatota muraasa kannen poolisiwwan bulchiinsaa waa'ee hariiroowwan humnaa murteessuu irratti gargaaran hin ilaallatu.

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Eeggumsa fayyaa fooyyaa'aa ta'e argachuu karaa hojjachiistonni baasiwwan fayyaatu irraa eegamaatin
- Hojjachiistotni baasii al tokkoon yookan hedduun kanneen armaan gadiitin tasisuu danda'u:
 - (1) kaffaltiiwwan galii dhaabbataa
 - (2) kaffaltiiwwan karaa karoora inshuraansii fayyaa hojjachiisadhaan taasifamanii fii/yookan
 - (3) kaffaltiiwwan karoora fayyaa ashuuraadhan wal qabatanitti (fkn, herregawwan qusannaawwan fayyaa)

SADARKEESSA+ 2021	
Baasii Ji'aa	Qindoomina maati
\$437	Hojjataa Qeenxe
\$743	Hojjataa qeenxee hirkattoota qabu
\$874	Hojjataa jaarsa yookan jaartii/kaadhimaa qabu, kan hirkattoota hin qabne
\$1,310	Hojjataa jaarsa yookan jaartii/kaadhimaa fi hirkattoota qabu

*sadarkeessi waggaa kamiitiyyuu Adoolessa 30 bara darbee dursa beeksifamu

Hojjachiisan uwwisa inshuraansii fayyaa kenna yoo ta'e, ajajni kan hojjirra oolu gaafa hojjataan jalqaba gara hojitte seene irraa ka'a kan Adoolessa 1, 2020 tti aanee dhufu.

SMC 14.29

Tursiisa hojii

ERGA ABBUMMAAN JIJJIIRAMEE BOODA TURSIIISA HOJII HOJJATAA TAASISUUTI BARBAACHISA

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjattoonni sa'aatii kan hoteela 60 yookaan kutaawwan sanii olii yoo xiqqaate guyyaa 30 osoo hojii hin gurguramin. Qindeessitoota, hoggantoota fii hojjatota muraasa kannen poolisiwwan bulchiinsaa waa'ee hariiroowwan humnaa murteessuu irratti gargaaran hin ilaallatu.

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Beeksisa hojichi abbaa qabeenyummaa isaa jijjiiraa jira
- Carraa hojii barreefamaa hojjiisiftota dhufaniif (Kenna muuxxannoo irratti hundaahuun)
- hojjachiisaa haaraa wajjiin hojii guyyoota sagaltama, yoo hojjaticha ari'uuf sababni jiraate malee yookan yoo hir'isuun barbaachise malee (hir'ifamuu buleeyyummaadhan)
- Gulaallii dandeettii guyyoota 90 tti

Mirgoota Hojjataa Kee Beeki

HALOO BAHACHUUN DHOORKAMAADHA: Seerotni kunniin hojjattoonni mirgoota kanneen waan fayyadamaniif yookan hojjirra oolfataniif haloo akka hin bahatamne eega.

MIRGA KOMII DHIYEFFACHU: Hojjachiisan seerota kanneen cabsa taanan hojjattoonni mirga komii isaanii karaa OLS yookan himata dhiyeeffachuu qabu.

Qunnamti:
OFFICE OF LABOR STANDARDS

Hojjachiistota
Gargaarsa komii dhiyeeffachuu argadhu fii/yookan leenjii fudhadhu

HOJJATTOOTA
Komii karaa OLS yookan mana murtii dhiyeeffadhu

206-256-5297
www.seattle.gov/laborstandards